# سُورَةُ الأَنْشِقَاق
# Suuraa Inshiqaaq

*Dura dursoo suuran tun {suuratul'inshi-qaaq} je'amti

قبل كل شئ هذه هي سورة الإنشقاق

*Isiin suuraa makkaati ,

وهي مكيــة

*Aayaanni isi'ii diiddamii shani .

وآياتها خمس وعشرون

*Lakkooysi isi'ii saddeettamii afuri .

وعددها أربع وثمانون

*Isiin eega suuran { infixaar } buutee

نزلت بعد سورة الإنفطار

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

**1}***Gaafa samiin dhoote , baqayxe

إِذَا السَّمَاءُ انشَقَّتْ ﴿١﴾

*Dubbii Rabbii isii uumee ,dhageessee, waan inni tayi je'een taatee , baqayxe ,

وَأَذِنَتْ لِرَبِّهَا

**2}***Waan inni tayi ja`een, tayuun haqa isi`-iitii namni waan inni je`e , didu , bakka qix-aaxa isaa jalaa itti bayu hin qabuu.

وَحُقَّتْ ﴿٢﴾

**3}***Gaafa dachiin afamtee bal`ifamte akka gogaa yookaa itilleedhatti bal`ifamte , kan jaarmayaafii gaarri irran jirre.

وَإِذَا الْأَرْضُ مُدَّتْ ﴿٣﴾

*Gaafa dachiin waan garaa isi`ii keessa jiru ; reeffa isii keessatti awwaalame , tayuu , waan biraa tayuu if keessa hartee , dudda isi`irratti baaftee,

وَأَلْقَتْ مَا فِيهَا

**4}***Irraa qullaa taate.

وَتَخَلَّتْ ﴿٤﴾

*Dubbii Rabbii isi`ii , kan waan garaa kee keessa jiru hunda if keessaa darbi je`een , dhageessee,

وَأَذِنَتْ لِرَبِّهَا

**5}***Rabbii isi`ii dhagayuun haqa isi`irra ji-uu, akkuma waan biraa hundarra jiru duuba gaafa dubbiin akkas taate : samiin baqeyxee dachiin gaarri irraa caccaphee wal qixxaattee ,afamtee nama du`ee qabrii jiru hunda if keessaa baafte ,takkaa ha-rte , sun guyyaa qiyaama`aatii , gaafas namni hundi ,dalagaa isaa tan adduny-

وَحُقَّتْ ﴿٥﴾

a`arratti dalagee dabarse , khayrii tayuu sharrii tayuu ni arga.

*Yaa ilma namaa يَـٰٓأَيُّهَا ٱلۡإِنسَـٰنُ

*Ati dalagaa tee jaatani`iin oofta, إِنَّكَ كَادِحٌ

*Gara Rabbii keetiti deemta, إِلَىٰ رَبِّكَ

*Dalagaadhatti ,jabaata`aa ,gara Rabbii keetii deemta, كَدۡحٗا

**6}***Duuba eega duutee , dalagaa tee tan hanga jirtu dalayde hunda ,waan gaarii taYuu ,waan hamtuu tayuu ,guyyaa qiyaama`aa ni agarta, wanni ati dalayde hundi katabamteeti, achitti si eydi , akka kitaaba dalagaa teetii san , fuutee , qaraatee , beytuf . فَمُلَٰقِيهِ ﴿٦﴾

*Duuba namni kenname, فَأَمَّا مَنۡ أُوتِيَ

**7}***Kitaaba, dalagaan, isaa keessatti katabamte , harka mirgaatin , xalayaan dalagaan isaa keessatti katabamte sun , barara`aa dhuftee harka isaa kan mirgaa keessa buutee. كِتَٰبَهُۥ بِيَمِينِهِۦ ﴿٧﴾

**8}***Namni sun gaafatama laafaa gaa fatamu`uu jiraata gaafatamni laafan walii gala dalagaa isaa fidanii, dura qaanii ,waan kana hunda siitu dalagee mitii? je`aniinii , eegasii diliin dhiifamtiifi, ammoo hisaabni , takkaa gaafin jabduun , waan inni dalage mara , takka takkaan , isa gaafatu`, kan waa takka hin dhiifne, duuba namni akkasitti gaafatame , takkaa hisaabame ,dhugumaan azzabame, namni kitaaba isaa mirgaan fudhatu mu`mina , inni gaafii laaftuu gaafatameeti. فَسَوۡفَ يُحَاسَبُ حِسَابٗا يَسِيرٗا ﴿٨﴾

**9}***Gara warra isaa kan jannata keessa jirutti deebi`a , isaa diliin araaramteefii gammadu. وَيَنقَلِبُ إِلَىٰٓ أَهۡلِهِۦ مَسۡرُورٗا ﴿٩﴾

**10}***Ammoo namni kitaaba dalagaa Isaa , dudda duuban kenname , harki isaa kan mirgaa mormatti ol hidhamee ,harka bita`aatin if duuba laatee fudhate namni kitaaba isaa bita`aan ,sanuu if duuba laatee fudhatu , nama Rabbitti kafarree. وَأَمَّا مَنۡ أُوتِيَ كِتَٰبَهُۥ وَرَآءَ ظَهۡرِهِۦ ﴿١٠﴾

**11}***Namni sun yaa badii tiyya je`eeti iyyuudhaa taa`a , qixaaxa isaa hubatee ,{ thubuur} jechuun badii jechu'. فَسَوۡفَ يَدۡعُواْ ثُبُورٗا ﴿١١﴾

**12}***Namichi sun ni seena ibidda jabaa akkaan isa laalessu seena. وَيَصۡلَىٰ سَعِيرًا ﴿١٢﴾

إِنَّهُۥ كَانَ فِيٓ أَهۡلِهِۦ مَسۡرُورًا ١٣

**13}***Wanni Rabbiin akkatti isa qixaa xef, isaatu addunya`arratti,gosa isaatin wajji qooqee ,gammachu`uun jiraatuu ture , waan nabseen isaa feetu dalaga`aa ,kan aakhiraa takkaa waan maayyii keessaa itti dhufu'uu taa`u , hin laalle.

إِنَّهُۥ ظَنَّ أَن لَّن يَحُورَ ١٤

**14}***Inumaa inni wanni yaade , gara rabbii deebi`uu dhabu`,eega du`anii qabri`ii kaafamanii fuula Rabbii dura dhaabbatanii , gaafatamuu dhabuu yaade ,{yahguur} jechuun : deebi`uu jechu`u. qabri`ii

بَلَىٰٓ

*Dhuga`aan gara Rabbii deebi`a rabbiin duraan isa uume , isumaatu eega du`ee , isa jiraachisee , waan inni dalagerraa isa gaafatee , duuba tolu , jannata geessee , badu azzaaba geessa

إِنَّ رَبَّهُۥ كَانَ بِهِۦ بَصِيرٗا ١٥

**15}***Dhugumaan Rabbiin isaa,akka inni du'aan ,gara isaa deebi`u , ammallee waan inni dalage hunda beekhee jira , isaatu hin beyne malee.

فَلَآ أُقۡسِمُ

*Lakkii nan kakadhaa,

بِٱلشَّفَقِ ١٦

**16}***Diimina samiin , hoggaa aduun seente diimatuun sun maghribaafii , kgishaa`ii iddu`uu.

وَٱلَّيۡلِ وَمَا وَسَقَ ١٧

**17}***Ammallee,halkaniifii ,waan inni walitti qabee, itti dukkanaayenan khakhadhaa.

وَٱلۡقَمَرِ إِذَا ٱتَّسَقَ ١٨

**18}***ammallee je`a hoggaa inni guutamee ifeenan kakhadhaa ,isin ilmaan namaa.

لَتَرۡكَبُنَّ طَبَقًا عَن طَبَقٖ ١٩

**19}***Jiruu teessan keessatti, haala tok korraa haala biratti dabartan haala tokkorraa buutaniiti haala biraa yaabbata`aa deemtan ,dhabamarraa haala argamatti ,jiruudharraa du`atti, ammas du`arraa jiruu aakhira`atti ,rokko`orraa ,bal`oodhatti , dhukkubarraa ,fayya`atti, addunya`arraa aakhira`atti ,eegasii jannata yookaa azaabatti dabartanii, duuba maalif karaa Rabbii dhugo`oomsitanii, irratti hin deemne ? odoo kana beytanuu akkamiin kafartan ?.

فَمَا لَهُمۡ لَا يُؤۡمِنُونَ ٢٠

**20}***Si maaltu amanu`urraa isaan dhoowwe ? odoo amanuun , waajiba tayuun , ifa isaanii bayee jiruu? ragaa mul`ata`aan.

وَإِذَا قُرِئَ عَلَيۡهِمُ ٱلۡقُرۡءَانُ لَا يَسۡجُدُونَ ۩ ﴿٢١﴾

**21}***Ammas wanni, hoggaa qur`aanni isaanirratti qara`ame, qalbiin isaanii laaftee, amananii hin sujuunnef maali? wanni qur`aana dhugo`oomsuu isaan dhoowwe maali?.

بَلِ ٱلَّذِينَ كَفَرُواْ يُكَذِّبُونَ ﴿٢٢﴾

**22}***Haa tayuu warri Rabbii isaanii moromu guyyaa qiyaama`aati khijibsiisan ni dhufaa hin yaadan aadan isaanii,odoo beekhanuu waan beekhan san diduu.

وَٱللَّهُ أَعۡلَمُ بِمَا يُوعُونَ ﴿٢٣﴾

**23}***Rabbiin waan isaan gara`atti dhoyfatan ,kan akkaan beeku , kan ammallee dalagaa hamtuu isaan walitti qabatan hunda beekhuu , isaan qixaaxu`uu jiraataa.

فَبَشِّرۡهُم

*Isaanii himii kaan gammachiisi,

بِعَذَابٍ أَلِيمٍ ﴿٢٤﴾

**24}***Azaaba jabaa isaan laalessuun kan isaanii qopheysinee itti dhufu'uu taa`aniin isaan gammachiisi.

إِلَّا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ

*Ammoo warri Rabbi dhugo`oomse ,kan guyyaa qiyaamatti amane, kan qur`aanatti amane .

وَعَمِلُواْ ٱلصَّٰلِحَٰتِ

*Kanneen waan gaarii dalaganii , waan hamtu`urraa fagaatan ,

لَهُمۡ أَجۡرٌ غَيۡرُ مَمۡنُونِۭ ﴿٢٥﴾

**25}***Isaan sawaaba addaan hin cinne Rabbi biraa qaban,sun jannata zalaalamii keessa taa`anii waan fedhan keessatti argatanii.